

## Ibsa Ijjannoo, Oromiyaa Xiqqoo (Minnesota)

### Guyyaa: Sadaasa 02, 2019

Nu, Oromoonni, steeta Minnesota (Oromiyaa Xiqqoo) keessa jiraannu, Sadaasa 02, 2019, 2019, galma Hawaasa Oromoo Minnesota keessatti walgeenyee, haala yeroo ammaa Oromiyaa keessa jiru irratti gadi-fageennaan erga mari'anneen booda, sagalee tokkoon murtiilee asii gadii murteessinee jirra.

1. Yaalii Ajjeechaa qaama mootummaatiin obbo Jawaar irratti yaalame hadheeffannee balaaleffanna.
2. Gantootaa fi yakkamtoonni yaalii ajjeechaa kana keessatti hirmaatan, keessattuu, namoonni sagalee fi maqaan isaanii beekkame, Komaandar Endaalee fi kfk. hatattamaan seeratti akka dhiyaatan gaafanna.
3. Qaamni mootummaa, kan gubbaa-hanga-dakaatti (top-to-bottom) ajaja kenne, hatattamaan seeratti akka dhiyaatu gaafanna
4. Gootota Oromoo, kan ajaja seer-malee (illegal) fudhachuu diduudhaan lubbuu obbo Jawaar Muhaammad baraaran haalaan galatoomfanna.
5. Humni "Nutii Nafxanyaa dha" ofiin jedhu, kan qawwee hidhatee Oromiyaa jeequmsa guddaa keessa galchaa jiru, hatattamaan seeratti akka dhiyaatu gaafanna.
6. Doorsisaa fi ajjechaan humna 'Nutii Nafxanyaa dha' ofii jedhuun, sabaaf-sab-lammoota irratti deemsifamaa jiru hatattamaan akka dhaabatu gaafanna.
7. Qaamni 'Nutii Nafxanyaa dha' jedhee dhaadatu kun, gumaa Calii Calanqoo fi Aanolee hatattamaan akka baasu gaafanna.
8. Manneen Amantaa, kanneen meeshaa waraanaa kuusuudhaan humna 'Nutii Nafxanyaa dha' ofiin jedhu hidhachiisan, hatattamaan seeratti akka dhiyaatan gaafanna.
9. Qaamonni meeshaa waraanaa hidhatanii magaalalee Oromiyaa keessatti jeequmsa uumaa jiran hatattamaan seeratti akka dhiyaatan gaafanna.
10. Miidiyaaleen humnota nafxanyaa, kan kaayyoo fi seenaa sirna Nafxanyaa faarsuudhaan, walitti-bu'iinsa sabaaf-sablammootaa uumaa jiran hundi, hatattamaan Oromiyaa keessaa akka bayan gaafanna.
11. Mallattooleen sirna Nafxanyaa, Siidaan Minilik fi Haylesillaasee, hatattamaan Oromiyaa keessaa akka buqqa'an gaafanna.
12. Mootummaan naannoo Amaaraa, Oromoota Wolloo fi sabaaf-sablammoota naannoo fi ollaa Amaaraa jiraatan irratti duuluu hatattamaan akka dhaabu gaafanna.
13. Mootummaan Oromiyaa, lubbuu ilmaan Oromoo tiskuudhaan, dirqama isarraa eegamu akka bahatu gaafanna.
14. Mootummaan Dr. Abiy, maqaa ol-aantummaa seeraa eegsifna jedhuun, 'Komand poostii' seer-malee, Wallagga, Gujii fi Boorana irratti labse, hatattamaan akka haqu gaafanna. Ajjeechaa, hidhaa, dararaa fi doorsisa ummata keenyarratti deemsisaa jiru ni balaalleffanna. Namoota duguuggaa sanyii Oromoo keessatti hirmaatan hunda seeratti akka dhiyeessu gaafanna.
15. Duulli Miidiyaalee Oromoo; OMN, ONN, kfk. irratti adeemsifamu hatattamaan akka dhabatu gaafanna.
16. Doorsisni mootummaa Dr. Abiyiin, Sabboontota Oromoo, Rogeeyyii fi hooggantoota Oromoo irratti adeemsifamu hatattamaan akka dhaabatu gaafanna.
17. Yaaliin ajjeechaa fi doorsisni sabboontoota Oromoo, ODP keessa jiran irratti deemsifamu hatattamaan akka dhaabatu gaafanna.
18. Sabboontoonni Oromoo, mana-hidhaatti guuraman, hatattamaan akka gadi-dhiifaman gaafanna.
19. Magaalaleen Oromiyaa, Finfinnee, Dirre-Dhawaa fi kfk. hatattamaan bulchiinsa Oromiyaa jalatti akka deebi'an gaafanna.
20. Afaan Oromoo, hatattamaan afaan hujii federaalaa akka ta'u gaafanna.
21. Saamichi Lafaa fi qabeenya Oromiyaa hatattamaan akka dhaabatu gaafanna.
22. ODPn qophaa ofii nagaa ummata keenyaa tiksuu, Oromiyaa tasgabbeessuu fi bulchuuf, dandeettii, ogummaa, gahumsa waan hin qabneef, Gaaddisni Hooggansa Oromoo, dirqama kana gamtaan akka ofiratti fudhatu gaafanna.

### **Jaarmayoota marii ummataa qindeessan (co-sponsor organizations of the public forum):**

1. Oromia Support Group
2. Waldaa Dubartoota Oromoo Idil-Addunyaa
3. Agoobara Hawaasota Oromoo Ameerikaa Kaabaa
4. Gurmuu Deeggarsa Qeerroo Idil-Addunyaa
5. Gumii Oromiyaa Addunyaa